YUUNIVARSITII MADDA WALAABUU

DHAABBATA QORANNOOWWAN AFAANOTAATTI

GAREE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OG-BARRUU

WARAQAA QU'ANNOO BARREEFFAMA AFAAN OROMOO TAAPPEELLAAWWAN IRRATTI MUL'ATAN KEESSAA KANNEEN GUDDINAA FI DAGAAGINA OG-BARRUU AFAAN OROMOORRATTI DHIIBBAA FIDAN QU'ACHUUF QOPHAA'E.

QU'ATAAN:

DASTAA KABBADAA AYYAANAA

WAXABAJJII ,2003/2011

BAALEE-ROOBEE.

GALATA (ACKNOWLEDGEMENTS)

Waan hundaa dursee qu'annoo kana geggeessuuf yaadaa ,qalbii fi quuqama hundaa ol immoo fayyaa na badhaasee jalqabaa hanga qu'annoo kanaatti kan na gargaare uumaa koo guddaan galateeffadha.

Itti aansuun Yuunivarsitiin Madda Walaabuu qu'annoo kana akkan geggeessuuf haalota mijachuu qaban hanga dandaa'ametti naaf mijeessuu isaatiif akkasumas namoota galma ga'iinsaa fi gabbina qu'annoo kanaatiif odeeffannoo barbaachisu kan naaf sassaaban obbo Abdii Tufaa, Obbo Sulxaan Kadir,Obbo Tasfaayee Bulchaa,Obbo Nageessoo Qaabatoo,Aadde Iftuu Tolaa,Aadde Jaallannee Jamaal galata guddaan galcha.

Dhumarratti, namoota odeeffannoo qabatamaa fi haqa ta'e naaf kennan akkasumas sekteroota mootummaa garagaraa milkaa'ina qu'annoo kanaatiif tumsa barbaachisu naaf taasisan osoon hin galateeffatin bira hin dabru.

Qu'aticharraa.

RUQOOLEE (ABSTRACT)

Qu'annoon kun rakkoolee barreeffama Afaan Oromoo Taappeellaawwan irratti mul'atan keessaa kanneen guddinaa fi dagaagina Og-barruu Afaan Oromoo irratti dhiibbaa fidan addaan baasuf kan geggeeffamee dha.Qu'annicha qabatamaa fi fudhatamaa taasisuuf qu'ataan yaada hayyootaa mata duree kanaan wal qabatan maddoota garagaraarraa sakatta'uun dhheesseera.Odeeffannoowwan gabbinaa fi milkaa'ina qu'annoo kanaatiif barbaachisan tooftaalee adda addaa kanneen akka bar-gaaffii, af-gaaffii fi daawannaan kanneen angafa turan.

Kanarratti hundaahuudhaan odeeffannoowwan sassaabaman boqonnaalee shanitti haala ifaa fi salphaa ta'een bifa qulqullee(qualitatively) ta'een dhihaateera.Ragaalee tooftaa adda addaan sassaabaman qaaccessuun argannoowwan yookaan bu'aawwan ijoo ta'an hedduun duraa duubaan ibsamaniiru.

Dimshaashumatti, rakkoolee mul'atan kanneen hambisuuf yookaan immoo hanga tokko hanqisuuf yaada furmaataa ta'uu danda'a jedhee qabxiileen yaadu qaamota furmaata barbaachisu kennuu danda'aniif eereera.

FACA'IINSA GABATEEWWANII (DITRIBUTION OF TABLES)

Gabateewwan ***Fuula***

Gabatee 1.Gabatee Taappeellaawwan akka walii galaatti dogongora qubee qaban agarsiisu.----------21

Gabatee 2.Gabatee dogongoroota qubeewwan jechoota keessatti jabaachuu qabanii kan mul'isu.----------22

Gabatee 3. Gabatee dogongora jechoota dheerachuu fi jabaachuu qabanii mul'isu.----------23

Gabatee 4.Gabatee dogongora jechoota qaubeewwan Afaan Oromoo hin taaneen barreeffaman agarsiisu.----------23

Gabatee 5.Gabatee dogongora sagaleewwan dubbachiiftuu kan mul'isu.----------24

BAAFATA (TABLE OF CONTENTS)

Qabiyyee(Contents) ***Fuula(Page)***

BOQONNAA TOKKO

1.SEENSA (Introduction)----------7

1.1.Ka'umsa Qorannichaa----------9
1.2.Kaayyoo Qorannichaa----------10
1.3.Barbaachisummaa Qorannichaa----------11
1.4.Daangaa Qorannichaa----------11
1.5.Hanqina Qorannichaa----------11

BOQONNAA LAMA

2.SAKATTA'A OGBARRUU----------12
2.1.Madda Luuga Oromoo----------12
2.2.Qubee Afaan Oromoo----------13
2.3.Amaloota Afaan Oromoo----------14
2.4.Seenaa Barreeffama Afaan Oromoo----------14
2.5.Dogongora Barreeffama Afaan Oromoo----------15

BOQONNAA SADII

3.MALA QORANNICHAA----------18
3.1.Iddattoo fi Mala Iddatteessuu----------18
3.2.Mala Ragaan Ittiin Funaanamu----------18

BOQONNAA AFUR

4.Odeeffannoo Hiikuu fi Qaaccessuu----------20
4.1.Qaaccessa Ragaalee Bargaaffii,Afgaaffii fi Daawannaa----------20

BOQONNAA SHAN

5.GOOLABAA FI YAADA FURMAATAA----------28
5.1.Goolaba----------28
5.2.Yaada Furmaataa----------30

Wabiilee----------34

Mul'istuu **'A'**----------35
Mul'istuu **'B'**----------37
Mul'istuu **'C'**----------38
Mul'istuu **'D'**----------39

BOQONNAA TOKKO

1.SEENSA (INTRODUCTION)

Afaanni saba tokkoo hundee eenyummaa saba sanaa akka ta’e beektonni afaanii irratti walii galu.Afaanni mallattoo eenyummaa ofiiti kan jedhamuufis kanumaafi.Dhallinamaa afaaniin miira isaa ibsata.Meeshaan walii galtee kun immoo haala seerlugni afaanichaa heyyeamuun barreeffamuun dirqama itti ta’a.Yeroo ammaa kana afaanni Oromoo eenyummaa saba Oromoo ibsuu jalqabee jira.Afaann Oromoo gara afaan barreeffamaatti tarkaanfateera.Idil Oromiyaa keessattis afaan hojii fi afaan barnootaa ta’uudhaan hojiirra oolu eega jalqabee barri marameera.(Abdulsamad Mahaammad :1994).

Afaanni kun kan inni sirriitti guddachuu danda’u yoo sirriitti seerlugni isaa eegamee barreeffame qofaa ta’uunsaa kan wal nama gaafachiisu miti.Afaan saba tokkoo kan inni sirriitti guddachuu fi dagaaguu danda’u yoo seeraan barreeffamee fi ittiin hojjetamee tajaajila garagaraaf fayyaduu danda’e qofaa dha (Beekamaa Likkaasaa,1996) .Afaan Oromoos guddachuun tajaajiloota adda addaa kennuu qaba.Tajaajilloota inni kennuu qabu keessaa inni tokko afaan daldalaa ta’ee fayyaduu qaba.Hacuuccaa baroota dheeraan booda tajaajiloota kanaaf ooluun isaa cimina saba Oromoo kan ibsu ta’uu isaati.

Hayyoonni garagaraa akkaa ibsanitti barreeffamni jechoota ifoo fi sirrii ta’anitti fayyadamuudhaan yaada ofii kan ittiin ibsatan akkasumas ogbarruu afaan tokkoo kan ittiin guddifatanii fi dhaloota boriitti kan ittiin dabarfatan mallattoo eenyummaa ofiiti. Barreeffama tokko yeroo barreessinu hiikaa fi ergaan nuti dabarfachuu barbaanne akka nu jalaa hin hafneef aadaa fi seerluga afaanichaa eegnee barreessuu qabna.

Afaan Oromoo yeroo katabamu qubeen isaa sirriitti hin barreeffamne dubbisuun isaa nama rakkisa.kanaafuu duraan dursinee qubee sirrii fayyadamuu baruu murteessaa dha.Jechi tokko dubbachiiftuu dheeraa fi gabaabaa ,dubbifamaa jabaa fi laafaa, hudhaa, irrabuta, qubguddeessa, sirna tuqaalee ,walqabsiistotaa fi kkf sirrii ta'etti fayyadaamuun murteessaa dha.

(Xilahuun Gamtaa ,1995). Kun kana ta'ee osoo jiruu noonnoo Oromiyaa keessatti seeronni kunneen osoo hin kabajamin mul'atu.Taappeellaawwan manneen daldalaa, ,waajjiraalee mootummaa fi miti mootummaa garagaraa keessatti rakkoon kun bal'inaan kan mul'atuu dha.

Taappeellaawwan magaalota naannoo Oromiyaa keessatti mul'atan yoo ilaalle rakkoo mul'atu gama barreeffamaa qofaan osoo hin ta'in gama jijjiirraatiinis rakkoo guddaatu ifatti bahee mul'ata.Kana jechuun barreeffamni Afaan maddaatiin barreeffamee jiru waanti inni haasa'uu fi kan afaan jijjiirraatiin barreeffamee jiru ergaan inni dabarsu kan wal faallessuu dha

Kanaafuu Taappeellaawwan irratti yeroo barreessinu xiyyeeffanno itti kennuun Saayinsii jijjiirraa eegnee jijjiiruun dirqama.Kana ta'uu baannaan eargaa wal faallessutu dabra.Jecha afaan tokkoo gara afaan biraatti jijjiiruu yookaan hhiikuu qofaa osoo hin ta'in haala namoonni aadaa adda addaa keessa jiraatan itti yaadanis hubachuudhaan jijjiiruun barbaachisaa dha.Jijjiirraa keessatti moodelii galumsaarratti xiyyeeffachuun kan yeroo jijjiirraan taasifamu jecha yookaan hima qofaarratti hin xiyyeeffannee fi kan galumsa guddaa xiinxaluudhaan jijjiirraan akka taasifamu ta'uu qaba.

1.1.Ka’umsa qorannichaa(statements of the problem)

Afaan Oromoo afaan sabni hedduun dubbatu waan ta’eef hawaasni kutaa adda addaa keessa jiraatu kan dubbatu waan ta’eef haalli itti dubbatamu godinaa gara godinaati garaagara ta’uu ni danda’a. Haata’u malee haala itti barreeffamu irratti garaagarummaan hin jiru.waa’ee afaanii dubbachuu fi katabuuf akka nu gargaaruuf jecha jecha tokko tokko uumuun hin oolu.Garuu isa uumamee jiru akka baramu gochuu dhiifnee maqaa adda addaa baasaa adeemuun dogongora baay’isaa adeemuu dha waan ta’eef kana irraa of eeguun barbaachisaa dha.

Barreeffamoota tokko tokko tasumayyuu dubbisuun isaa nama rakkisa.Fakkeenyaaf kan seerri barreefama Afaan Oromoo hin hayyamne dubbifamaa lamaa oli walitti aansuun barreessuu, bakka dubbachiiftuun dheerachuu qabutti gabaabsuu fi dheeressuu fi kkf tu ija baasee mul’ata.Rakkoon akkasii kun immoo Afaan Oromoo guddisuun isaa hafee quucarsuu fi balleessuuf haala kan mijeessuu dha.

Dogongoroota mul’atan kanneen beekanii uumu ta’ee osoo hin beekin uumu ta’ee wwaanti hanga ammaatti bira gahame hin jiru waan ta’eef ,qorannoon kun rakkoo kana sakatta’ee bira gahuuf kan xiiqeffatee dha.

1.Barreeffamoota taappeellaawwan irraa kanaaf qaamni sirreessee barreessee kennuuf jira ta’aa laata?

2.Barreeffamoota taappeellaawwan irraa kana qaamni barreessee maxxanu waa’ee seera barreeffama Afaan Oromoo waan beeku qabaa/

3.Iddoowwan dogongorri uumamee jirutti qaamni hordofee sirreessu jiraa ?Yoo jiraate tarkaanfiin fudhatame maal maal fa’ii?

4.Dogongorri taappeellaawwan irratti mul'atu kun dhiibbaa inni guddinaa fi dagaagina ogbarruu Afaan Oromoo irratti fidu maal maal faa ta'uu danda'aa?

5.Ka'umsi rakkoowwan kanneenii maalii dhaa?

6.Furmaanni rakkoowwan kanneenii maal ta'uu qabaa?

1.2.Kaayyoo Qorannichaa(objectives of the study)

1.2.1.Kaayyoo Gooroo

- Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa barreeffama Afaan Oromoo Taappeellaawwan irratti mul'atan kanneen guddinaa fi dagaagina ogbarruu Afaan Oromoo irratti dhiibbaa fidan addaan baasuuf jedhameeti.

1.2.2 Kaayyoo Gooree

1. Seerluga Afaan Oromoo irratti hawwaasni hubannoo akkamii akka qaban addaan baasuuf.

1. Qaamonni dhimmi kun kallattiin ilaallatu duukkaa bu'uun akka hordofanii fi sirreessan gochuuf jedhameeti.
2. Madda rakkoolee kanaa addaan baasuun yaada furmaataa barbaachisu qaamota dhimmi kunnkallattiin ilaallatuuf eeruu.
3. Faayidaa barreeffamni seeraan barraa'e guddinaa fi dagaagina ogbarruu afaanichaa keessatti qabu ibsuuf.

1.3.Barbaachisummaa Qorannichaa

Namoota Afaan Oromoo akkuma barbaadanitti seera afaanichaa osoo hin eegin callisanii barreessaniif Afaan OPromoo seera mataa isaa akka qabu beekanii dogongora uumuu irraa of qusatanii akka barreessaniif karaa sirri itti agarsiisa.

Gama birootiinimmoo qaama dhimmi kun ilaallatu adda addaa dogongora walfakkaatu uuman akka isaan irraa of eeganiif akka hordofan taasisa.Tajaajilamtoonni yookaan uummanni immoo dubbisa sirrii ta'e dubbisanii hubachuudhaan tajaajila argachuu qaban gufuu tokko malee argachuu akka danda'an taasisa.Waluumaagalatti bu'aan qorannoo kanaa kanneen armaan gadiitiif faayidaa guddaa kennuu danda'a.

- Barsiisotaaf
- Barattootaaf
- Namoota dhimma walfakkaatu irratti qorannoo geggeessuu barbaadaniif
- Namoota hojii jijjiirraa iratti bobba'uu barbaadaniif.

1.4.Daangaa Qorannichaa

Rakkoon dogongoroota barreeffama Afaan Oromoo iddoowwan hedduutti kan mul'atuu dha.Haata'u malee dhiphina yeroo heeddummachuu rakkoowwan kanaa iraan kan ka'e qorataan qorannoo kanaa Godina Baalee Bulchiinsa Magaalaa Roobee irratti xiyyeeffata.

1.5.Hanqina QOrannichaa

Waantonni adeemsa qorannoo kanaa keessatti rakkoo ta'an hedduu dha. Isaan keessaa kanneen bu'uuraa mata duree kanarratti kanaan dura qorannoon geggeeffame dhabamuu isaati.Itti dabalees kitaabileen wabii barbaachisoo ta'an dhabamuu isaas ta'ee hanqinni yeroo fi rimiddii qarshii yookaan rimiddii baajata qorannoo kanaa ga'aa waan hin taaneef hanqinni guddaan kan mudatee dha.

BOQONNAA LAMA

2. SAKATTA'A BARRUU(REVIEW LITRATURE)

2.1.Madda Luuga Oromoo

Afaan Oromoo dame sanyii Afroo Eeshiyaatikii ta'ee kanneen maddi isaanii kuush ta'an isa tokkoo dha**.(Wasanee Bashaa,2003:31-33).**Affaanni Oromoo afaanota shanan Afriikaa keessatti bal'inaan dubbataman keessaa isa tokkoo dha.Uummanni Oromoon hin taanes akka afaan lammaffaatti kan dubbatan miliyoona lama kan ta'an ni argamu.Haa ta'u malee guddina afaan Oromoof hojiin yeroo dhihoo hojjetame jiraatus qorannoowwan afaan kana irratti baay'inaan hojjetaman hin mul'atan.

Sabni Oromoo biyya Itiyoophiyaa jedhamtu kana keessatti baay'inaan tokkoffaa dha.Baay'inni Uummata kanaa harka dhibba keessaa jahaatama ta'a jedhanii kanneen xiinxalanis lakkoofsaan hedduu dha. Haa ta'u malee hanga yeroo dhihootti afaan kanaan katabuun baay'ee waan hin beekamneef seerri abamee akka sabni Oromoo sirriitti qoratamee ,katabamee akka sabni Oromoo dubbisee irratti mari'atu hin godhamne.

2.2.Qubee Afaan Oromoo

Biyya keenya Itiyoophiyaa keessatti uummanni lakkoofsaan hedduu qabuun osoo dubbatamuu ,mootummoonni dabran afaan irratii imaammanni isaan qaban sirrii ta'uu dhabuurraan kan ka'e afaanota osoo hin barreeffamin turan keessaa Afaan Oromoo isa tokkoo dha.

Haa ta'u malee yeroo ammaa Afaan Oromoo hacuuccaa jalaa bahee jijjiirama gaarii agarsiisaa jira.Kana keessatti inni guddaan qubee afaan kanaaf tolu filatamuu isaati.Afaan qubeen filatameef kun kan guddachuu danda'u manneen barnootaa keessatti yoo baratame qofaa ta'uun isaa kan wal nama gafachiisu miti**.(Wiirtuu,1992:38)**

…… communication happiness only when you write something that somebody else reads and understand. For this, you must use words and concepts to you and to your reader.(Courtland L.2006:13)

Dogongoroonni barreeffama Afaan Oromoo keessatti mul'atan sababiiwwan hedduu qabu.Muuxannoo dhabuu ,ofeeggannoon barreessuu dhabuu,haaluma namatti fakkaateen barreessuu ,luugota adda addaatiin yeroo barreessinu jijjiirraa irratt xiyyeeffannoo kennuu dhabuu , walumaagalatti afaanichi waalta'uu dhabuun isaa sababiiwwan gurguddoo dha.

The transfer of meaning contained in one set of language sighn in to another set of language sighn through competent use of dictionary and grammer, the process involves a whole set of extra linguisticcriteria(Bassnett,1980:13).

2.3.Amaloota Afaan Oromoo

Amaloonni afaan tokkoo uumamaa fi ijaarsa afaan sanii kan murteessanii dha.Yeroo hedduu afaan saba tokkoo akka sagalee afaan saba saniitti bocama.Sagaleen tuqaalee ilma namaa keessatti yoo uumaman amala ofii qabatanii bocamu.Yeroo kun godhamus sagalee afaan uummata sanii keessaa beekuuf sirnaan hordofani.Xiinxalli akkanaa kun Afaan Oromoo amala akkamii akka qabu kan nama hubachiisuu dha.

2.4. Seenaa Barreeffama Afaan Oromoo

There is more to the understanding of your language of than just knowing how to put words together in to acceptable sentences. This is important , of course ,for until you can do it you cannot say anything that other people will understand .But the real point of communication is to have people understand what you mean that say and write.

(Lou La Brant,1963)

Afaan seera qaba yeroo jennu haalli sagaleewwan afaan tokko keessa jiran walitti qindaa'anii jecha uumanii fi haalli jechoonni walitti qindaa'anii hima uuman jechuu dha.Seerri afaanii kunis aadaa fi fedha uummata afaanicha dubbatuu irratti hundaaha**.(Tafarii Ayyaansaa,1998:3)**

Seerri afaanni tokko ittiin barreeffamu jiraachuu isaa hayyoonni afaanii irratti walii galu.Kitaaba ''Dictionary of current English'' jedhu keessatti :

''Language is the use of words in an agreed way as a method of human communication-system of words of a particular community or country''(Wasane Bashaa:2004:21)

Qubeessuun haala sagaleewwan jecha keessa jiran ittiin tarreeffamanii dha.Akka dubbatamutti waan barreeffamuuf gama kanaan Afaan Oromoo rakkoon mudatu hin jiru.Rakkinoonni barreeffamarratti mul'achuu danda'an jiraatanillee haala ammaatii dogongora qubeewwanii balleessuun ni danda'ama.Qubeessuuf akaakuun qubeewwan Afaan Oromoo dheeraa,gabaabaa,jabaa,laafaa, irrabuta,hudhaa fi kkfn beekamaa dha**.(Wiirtuu Jildii-5,1992:99**).

2.5.Dogongora Barreeffamaa

Jecha tokko beekaas ta'ee osoo hin beekin jijjiiruun jecha sana hiika isaa jijjiiruu akka ta'ee beekuun barbaachisaa dha.Waantonni dogongora barreefamaa uumuu danda'an lama yoo ta'an isaanis seera barreeffamaa sirrii hin taane fayyadamuu fi seerluga afaan ittiin barreessaa jiranii addaan baasanii wallaaluu dha.Jechoonni tokko tokko sagalee walfakkaatu qabu waan ta'eef salphaatti nama dogongorsiisuu danda'u. Garuu qubee fi hiika adda ta'e qabaatu jechuu dha.

To simplify spelling some people have proposed changing the spelling of words so that every word would be spelled as it is pronounced.Since there are reginal differences in pronounciation , however , that solution could cause more problem than it would solve.(W.Strong,1996:759)

The two main ways that intrude writing includes use of the wrong writing styles for the situation and violation of some of the more common conversation of word writing,spelling, punctuation,grammer,and sentence structure (Countland.L.2006:15)

Some words easily confused,because they may contain the same or similar sounds but have different meaning and spelling.(W.Strong,1996:759).

Barreeffama Afaan tokkoo yeroo barreessinu seerluga afaanichaa eeguunakkuma jirutti ta'ee yeroo afaan tokko irraa gara afaan birootti jijjiirru saayinsii jijjiirraa eeguun jijjiiruun immoo ergaa darbuuf karoorfame sana haalaan galmaan gahuiuf hedduu kan fayyaduun dha.

Fakkeenyyf barreeffamoonni Taappeellaawwan adda addaa irratti mul'atu hanqinni inni qabu kan barreeffamaa qofaa osoo hin ta'in haalli inni itti afaan maddaa irra gara afaan jijjiirraatti jijjiiramee jirus saayinsii jijjiirraa kan eege miti. Kanaafuu namni tokko osoo barruu tokko hin barreessiniin dura seerluga afaanichaa beekuutti dabalee moodelotaa fi tooftaalee jijjiirraa jiran addaan baasee beekuu qaba.

Tooftaalee jijjiirraan ittiin adeemsifamu bebbeekamoo afurtu jiru. Isaanis:

- ✓ Xiinqooqa irratti hundaahuun jijjiiruu.
- ✓ Saayinsii jijjiirraatiin eeguun jijjiiruu.
- ✓ Kaayyoo jijjiirraa eeguun jijjiiruu.
- ✓ Aadaarratti hundaahuun jijjiiruu dha jedha(Yule: 1996)

Kaayyoo waanta jijjiiramuu sana irratti hundaahuudhaan malleenadda adadaatti fayyadamuudhaan jijjiiruun ni dandaa'ama.Malleen jijjiirraa armaan gadii kanneen namoonni hedduun itti fayyadaman kanneen armaan gadii ti.Malleen kunneenis:

- Jecha jechaan hiikuun jijjiiruu(Word to word translation)
- Irra keessaan jijjiiruu(Litral translation)
- Amanamummaan jijjiiruu(Faithfull translation)
- Hiikarratti hundaahuun jijjiiruu(Meaning based translation)
- Madaqsuun jijjiiruu(Adoption translation)
- Bilisa ta'uun jijjiiruu(Free translation)
- Dubbii qolaa eeguun jijjiiruu(Denatative translation)
- Walquunnamnee jijjiiruu(Communicative translation) jedha hayyuun (KarlBuhler :1934)

Adeemsa ergaa afaan tokko irraa gara afaan birootti dabarsuu keessatti rakkoowwan hedduun nama mudachuu ni danda'a.Yeroo hedduu ergaan karaarratti gufatee hafa.Ergaan haaluma salphaadhaan gara ergaan darbuu barbaadetti hin yaa'u.Kanaafuu rakkoowwan jijjiirraa keessatti nama mudatan keessaa isaan bu'uuraa kanneen armaan gadiiti.

- ❖ Rakkoowwan kallattiidhaan afaaniin wal qabatan
- ❖ Rakkoowwan hiika jechaa
- ❖ Rakkoowwan caasaa afaanii
- ❖ Rakkoowwan barreeffama jijjiirraa
- ❖ Rakkoowwan alkallattiidhaan afaaniin walqabatan
- ❖ Rakkoowwan walitti makama afaanii
- ❖ Rakkoowwan xiinsammuu fi dandeettii waan haaraa uumuu
- ❖ Rakkoowwan muuxannoo hojii jijjiirraa dhabuu
- ❖ Rakkoo wwan dandeettii dubbisuu
- ❖ Rakkoowwan galmee jechootaati fayyadamuu wallaaluu faa dha jedha (Newmark:1998)

BOQONNAA SADII

3. MALA QORANNOOCHAA(METHODOLOGY)

Qorannoon kun mala sakatta'iinsaa fi ibsaatti gargaaramuun rakkinoota barreeffama Afaan Oromoo irratti mul'atan irratti kan xiyyeeffatuu dha.Malli sakatta'iinsaa fi ibsaa kan qorannoo kana itti fayyadame kun tooftaa lakkoofsaa fi qulqulleeffataan qaacceffamuu danda'uun kan qaacceffamuu dha.Kunis ragaawwan mirkanaa'an walitti qabuuf iddattoo filachuu , meeshaawwan odeeffannoon ittiin funaannamu caasessuu, odeeffannoo argame qindeessuun dhiheessuu fi qaaccessuu dha.Xiyyeeffannoon qorannoo kanna gaaffilee bu'uuraatiif deebii kennuu dha.

3.1. MALA IDDATTEESSUU

Qorannoo kana keessatti irraawwatama bal'aa keessaa mala iddatteessuutti fayyadamuun iddattoon ni fudhatama.Haaluma kanaan mala iddatteessuu tasee tiin iddattoon ni fudhatame.

3.2.MALA RAGAAN ITTIIN FUNAANAMU

Qorannoon kun mala qulqullinaa(qualitative research) gargaarame.Bargaaffiin caasseffamee fi gar-tokkee caaseffame (structured and semi structured) fi af gaaffi akkasumas qaaccessi raga(document analysis) geggeessuun fayyadamame.Bargaaffii gaaffilee 15 of keessaa qabu kanneen gaaffilee cufaa (closed-ended) fi gaaffilee banaa(open ended) ta'an of keessaa qabu qophaa'ee raabsame.

Af-gaaffii gaaffilee 8 of keessaa qabus qophaa'eetu iddattoowwan filatamaniif dhihaate. Kaayyoon af-gaaffii kanaas raga bargaaffii fi qaaccessa raga arghamu cimsuu yookaan deegaruu dha.

Xumurarratti qaaccessi ragaa geggeeffameera.Afeewwan (texts/scripts) barreeffamoota waajjiraa, mana barumsaa, beeksisaa yookaan barreeffamoota taappeellaawwan adda addaa akka iddattootti fudhatamuudhaan dogongorri isaan qaban xiinxalameera.Qaaccessi ragaalee kanneeniis cheekilistii mataa isaa qopheessuudhaan kan geggeeffamee dha. ***Observation gives direct experience. It makes it possible to study a certain behavior and situation as it actually occurs. (Dawit A.& Alemayehu B.:2002:29)***

Questionnaire is one way of checking whether other participants in the situation would give the same answers to the kind of questions one has asked oneself on a check list .It allows one to qualify people's observation and interpretation(John Elliot,1991:80)

Interview permits much freedom to the interviewees to talk about the problem under investigation. And as a result we will be able to get in depth information.(Dawit A.& Alemayehu B.:2002:27)

Interview may be used as a principal means of gathering information having direct bearing on the research objectives. It helps to go deeper in to the motivation of respondents and their reason for responding as they do.
(Louse & Others ;2003:268)

BOQONNAA AFUR

4.ODEEFFANNOO HIIKUU FI QAACCESSUU (ANALISING AND INTERPRETING DATA)

Kutaa kana keessatti xiinxallii fi hiikni ragaalee abbaatii manneen daldalaa fi manneen mootummaa akkasumas manneen miti mootummaa adda addaa irraa tooftaa afgaaffii, bargaaffi fi daawwannaatiin saabaman itti dhihaatanii dha.

4.1.Qaaccessa Ragaalee daawwannaadhaan Argame

Daawwannaan barreeffama Afaan Oromoo manneen daldalaa, waajjiraalee maatummaa fi miti mootummaa garagaraa irratti taasifameen qorataan qorannoo kanaa rakkoowwan qabatamaan daawwate haala armaan gadiitiin hike.Barreeffamoonni kunneen rakkoo qubee yookaan seera barreeffama Afaan Oromoo eegee kan barreefame miti.Daawwannaa kanas qoratichi haala armaan gadiitiin lafa kaa'eera.

Dogogongoroota mul'atan kanneen bakka gurguddoo afuritti qoqqoodnee ilaalla.

1ffaa. *Seerluga Afaan Oromoo eeguu dhabuun* kanneen mul'atan.

2ffaa. *Afaan Oromootiin barreeffamuu osoo qabanii afaan biroodhaan barreeffamuun kanneen mul'atan*

3ffaa. *Afaan Oromootiin jalqaba barreeffamuu osoo qabuu afaan biroodhaan jalqaba irratti barreeffamuun kan mul'atu.*

Gabatee 1^{ffaa},gabatee taappeellaawwan kanneen dogongora qubee qaban kan agarsiisu.

T.L	Haala amma itti barreeffamee jiru	Haala itti sirreeffamee barreeffamuu qabu
1	Suuraa bogolaa	Suuraa Boggaalaa
2	Butukii Abbee	Buutikii Abbee
3	Mana HoodhaaUfataa Hulegabii	Mana ‘Uffata Hodhaa Hullegabbii
4	Kiliinikii ol’aannaa Salaam	Kilinikii ‘Olaanaa Salaam
5	Misgaanaa moobaayilii elektroniksii	Mana Moobaayilaa fi ‘Elektirooniksii Misgaanaa
6	Haarar birra	Biiraa Harar
7	Teensa’e mana kuusaa qorichaa	Mana Kuusaa Qorichaa Tinsaa’ee
8	Waldaa Amantoota Hiywot brihaan Roobe	Waaldaa Amantoota Hiyiwot Birhaan Roobee
9	Interpiraayizii misooma Qonna Baalee	Intarpiraayizii Misooma Qonnaa Baalee
10	Mana Kaasttii Tohiidaa	Mana Kaasetii Toohidaa
11	Mana nyaata jiddaa	Mana Nyaataa Jiddaa
12	Siima kaardii gatii teeleedhaani gurguura	Siim-Kaardii gatii Teeleetiin ni gurgura
13	Karrdii mobbyilla ni jira	Kaardiin Moobaayilaa ni Jira
14	Caafee shamashat	Kaaffee Shamshaat
15	Mana nyaata Q/mikaa’el	Mana Nyaataa Q/Mikaa’el
16	Haramaayaa mana siree hamyya	Mana Siree Ammayyaa Haramaayaa
17	Mana hodhaa uffataa baha biiftuu	Mana ‘Uffata Hodhaa Baha Biiftuu
18	Alphaa mana kuusaa meeshaalee ijarsaa	Mana Kuusaa Meeshaalee Ijaarsaa Alfaa
19	Mana gurgurtaa meeshaalee garaaraa sintaayoo	Mana Gurgurtaa Meeshaalee Garagaraa Sintaayyoo
20	Waabi Jarmiyaa hodha	Jaarmiyaa Hodhaa ‘Uffataa Waabii
21	Hottela gannet	Hoteela Gannat
22	Mana maxansaa fi beeksisa Yunitii	Mana Maxxansaa fi Beeksisaa Yuunitii
23	Jabboo Mana gurgurtaa jimma	Mana Jimaa Gurgurtaa Jabboo
24	Hoteelaa Kaasaahuun shimalis	Hoteela Kaasahuun Shiimallis
25	Kaafe fi mana nyaata	Kaaffee fi mana Nyaataa
26	Zeebala mana Qoricha Dhukuba	Mana Qorichaa(Yaalaa) Zeebalaa

Gabatee armaan olii irraa waanti hubannu, barreeffamoonni Afaan Oromoo kanneen Taappeellaawwan adda addaa irratti argaman hedduun isaanii Seerluga afaanichaa eeganii kan hin jirree dha. Kun immoo guddinaa fi dagaagina ogbarruu afaanichaa irratti gufuu guddaa ta'a.Sababiin isaa dhalli namaa afaaniin fedha isaa kan gaddaas ta'ee kan gammachuu waliif qooda waan ta'eef ,afaan kanaan miira isaa waliif qooduuf immoo seera afaanichaa beekuu qabu.

Gabatee 2ffaa,Dogoggora qubee jabaachuu qabanii kan mul'isu

T.L	**Dogongora Amma Mul'atu**	**Haala itti Sirreeffamuu Qabu**
1	Kaafe fi Mana nyaata	Kaaffee Fi Mana Nyaataa
2	Mana Maxansaa fi Beeksisaa	Mana Maxxansaa fi Beeksisaa
3	Dhabata Daldala Omedad	Dhaabbata Daldalaa Omedaad
4	Ufata Misirroo	'Uffata Misirroo

Gabatee kana irraa waanti nuti hubannoo barreeffamoonni manneen daldalaa magaalaa Roobee keessatti argaman jechoota sagaleelee jabaadhaan barreeffamuu qaban sagalee laafaadhaan barreessuu fi jechoota sagalee laafaadhaan barreeffamuu qaban immoo sagaleelee jabaadhaan barreessanii itti fayyadamaa kan jiran ta'uu isaanii hubanna.Dogongorri akkanaa kun manneen daldalaa bulchiinsa Magaalaa Roobee keessatti heddumminaan mul'ata.Kun immoo seerlugni Afaan Oromoo kan heyyamu miti.

Gabatee 3ffaa,Dogongora barreeffamoota sagaleewwan dheerachuu fi jabaabbachuu qabanii

T.L	Haala amma itti barreeffamee jiru	Haala itti Sirreeffamuu Qabu
1	Waabi Jarmiyaa Hodha	Waabii Jaarmiyaa Hodhaa
2	Haro Dumaal	Haroo Dumaal
3	Siminton Ni Jira	Simmintoon Ni Jira
4	Mana Nyata Yordanos	Mana Nyaataa Yordaanos
5	Dargagota Abdi Boru	Dargaggoota Abdii Boruu

Gabatee armaan olii irraa waanti nuti hubannu barreeffamoonni hedduun seerluga Afaan Oromoo osoo hin eegin akkuma fedhametti kan dheeressuu barbaadan dheeressuun kanneen gabaabsuu barbaadan immoo gabaabsuun barreessaniiru

Gabatee 4ffaa ,Dogongora jecha qubee Afaan Oromoo kan hin taaneen barreeffame.

T.L	Haala Amma Itti Barreeffamee jiru	Haala itti sirreeffamee barreeffamuu qabu
1	Phootoo Koopi Girmaa	Footo kooppii Girmaa
2	Caafee Shamshat	Kaaffee Shaamshaat
3	Alphaa Elektiroonikii	Elektirooniksii Alfaa
4	Tajajila Cumpera laannaa	Tajaajila kompiyuuteraa ni kennina

Dogongorri barreeffama Afaan Oromoo Taappeellaawwan adda addaa irratti mul'atan hedduun isaanii sagaleewwa Afaan Oromoo keessatti hin jirreen kan barreeffamanii dha.

Dogongorri akkasii kun immoo jijjiirama maqaa illee fiduu ni danda'a.Fakkeenyaaf,maqaalee kanneen akka ***"Caaffee,Computara,phootoo,Alpha"***barreeffaman kunnii akka sirrii hin taane hubatamee jira.

Seera Afaan Oromoo keessatti dubbifamaa qubee qeenxee lammaa oli walitti aansanii barreessuun jechicha barreeffame sana akka inni hin dubbifamne gochuurra dabre jechichi akka hhika hin qabaanne kan taasisuu dha.

Gabatee 5^{ffaa},Dogongora sagaleewwan dubbachiiftuu gabatee mul'isu.

T.L	Dogongora Amma Mul'atu	Sirreeffama Godhamuu Qabu
1	Haramaya Mana Uffata Hodhaa Amyyaa	Mana 'Uffata Hodhaa Ammayyaa Haramayaa
2	Maaykroo Dargagota Abdi Boruu	Maayikiroo Dargaggoota Abdii Boruu
3	Saaye Mana Mobayle	Mana Moobaayilii Saayee
4	Eleektiroonksi Baakos	Elektirooniksii Baakoos

Gabatee armaan olii irraa waanti nuti hubannu sagaleeleen dubbachiiftuu yoo akkaataa seerluga Afaan Oromoo eeganii hin barreeffamne ta'e hiika jechichaa jijjiiruurra dabranii jechichi su akka hin dubbifamne illee gochuu ni danda'u.

Dogongorri hudhaa fi irributaas heddumminaan akka mul'atu daawannaa qorannoo Odeeffannoowwan garagaraa daawannaadhaan argaman itti dabaluudhaan af-gaaffiiwwan qophaahan irraas hubachuun akka danda'ametti namoonni hedduun kanneen baratanii seera Afaan Oromoo beekanis ta'ee kanneen hin beekne barreeffamoota manneen daldalaa isaanii irratti mul'atu ofuma isaaniitii kan barreeffatan ta'uu isaanii addaan baafameera.

Manneen daldalaa isaaniitiifis ta’ee waajjiraalee isaaniitiif kan maqaa moggaasus ta’ee maqaa moggaafame sana immoo seera afaanichaa eegsisee kan barreessu eenyu jechuun gaaffii gaafatamaniif immoo maqaa mana daldalaa fi waajjira isaanii kan moggaafatu abbaadhuma dhimmaa yammuu ta’u kan maqicha mirkaneessu immoo **Waajjira Daldalaa fi Industirii** naannoo isaan itti argamanii akka ta’e ibsaniiru.Ogeessonni waajjira Daldalaa fi Industiriis yaaduma kana nuuf mirkaneesse.

Barreeffamoota manneen daldalaas ta’ee waajjiraalee garagaraa irratti mul’atan namoonni ofumaa yookaan immoo namoota naannoo isaaniitti argamanii ogummaa barreessuu kanneen qaban yookaan barreeffamni isaanii kanneen bareedu waamuudhaan barreessisaa akka jiran qorannoo kanaan bira gahameera.

Ogeessi namoonni kunneen dhimma isaanii itti bahaa jiran immoo waa’ee serluga Afaan Oromoo irratti leenjii tokkoyyuu kan hin qabne ta’uun isaanii qorannoo kanaan adda baheera.

Namootni kunneen akka gaafatamanitti ogeessi barreeffama kana isaaniif barreessu gatii rakasaan yeroo tokko tokko immoo yoo hedduu kan walitti siqan ta’e tola kan barreessuuf ta’uu isaa ibsaniiru.Namoonni dandeettii seerliga Afaan Oromoo qaban immoo dabranii dabranii kan argaman yammuu ta’an isaan immoo barreeffama Meetira tokkoo qarshii 150n waan barreessaniif ,gatiin isaanii kun qaalawaa waan ta’eef ogeessuma naannoo keenyatti argamu fayydamna jechuun deebisaniiru.

Namoonni kunneen dogongorri barreeffama Afaan Oromoo manneen daldalaa isaaniirra akka jiru kan hin beeknee fi kanneen beekan immoo dogongorichi guddinaa fi dagaagina Ogbarruu Afaan Oromoo irratti dhiibbaa akka inni fidu waan beeknu hin qabnu jechuun deebisaniiru.

Namoota Mootummaan miindessee waajjira Daldalaa fi Industirii keessatti argamaniif gaaffii dhihaateen immoo, namoonni kunneen barreeffamni Afaan Oromoo manneen daldalaa irratti mul'atan gonkumaa dogongora akka inni qabu kan hin beekne ta'uu isaati.Kun immoo namoonni kunneenis seerluga Afaan Oromoo irratti hubannoo kan hin qabnee fi kanneen muraasa ta'an immoo dogongora kana kan beekan yoo ta'eyyuu dogongoricha salphisanii ilaaluudhaan akka waan dogongorichi guddinaa fi dagaagina og-barruu Afaan Oromoo irratti dhiibbaa hin fidneetti fudhachuu isaaniiti.

Walumaagalatti,akka ibsa waajjira daldalaatti,maqaa mana daldalaa kan moggaafatu daldaltichumata'uu isaati.Eyama daldalaa kan kennu immoo Ministeera daldalaati.Kan mirkaneessu immoo waajjira daldalaati.Daldalaan tokko maqaa moggaafate sana akkuma barbaadetti barreessuu danda'a.

Manneen daldalaatiif qaamni eyama kennu kun barreefama Afaan Oromoo ,Afaan Amaaraa fi Afaan Ingilizii walduraaa duubaan barreessuu akka qaban labsiin addeessu bahee ture.jedhan hojjettoonni waajjira daldalaa.Labsiin kun garuu waa'ee dogongora barreeffama Afaan Oromoo waanti inni ibsu hin jiru jechuun yaada isaanii kennaniiru.

Qaamni namoota barreeffama Afaan Oromoo barreessan kana to’atu akka hin jrre ibsuun, waajjirri daldalaas ta’ee waajjirri bulchiinsa Magaalaa dhimma daldalaa irraa kan hafe dhimma barreefama Afaan Oromoo kanaan walqabatee hordoffii inni godhaa jiru akka hin jirre ibsan.

Dogongora barreeffamaa mul’atu kana hambisuuf maaltu godhamuu qaba jedhamee gaaffii hojjettoota waajjira daldalaatiif dhihaate irrattin akka jedhanitti Bulchiinsi Magaalaa, abbootiin daldalaa garagaraa,hawaasni magaalichaa hundi,keessumaa immoo hayyoonni magaalattii keessatti argaman hundi dogongorri kun guddinaa fi dagaagina ogbarruu Afaan Oromoo irratti dhiibbaa guddaa fiduu akka danda’u beekuun araarama tokko malee osoo bira hin dabrin sirreessuu akka qaban ibsaniiru. Dogongorri barreeffama Afaan Oromoo kun dafee sirraahuu baannaa guddina Ogbarruu Afaan Oromoo irratti gufuu ta’uurra dabree seerlugni barreeffama Afaan Oromoo maal akka ta’e murteessuun nama dhiba.

BOQONNAA SHAN

5.GOOLABAA FI YAADA FURMAATAA

(CONCLUSION AND RECOMMENDATION)

5.1 GOOLABA(Conclussion)

Afaanni Oromoo afaan sabni bal'aan dubbatuu dha.Afaanni kun sababa bal'ina lafaa irraan kan ka'e loqodoota adda addaa qaba;Garuu seerlugni inni ittiin barreeffamu tokkuma.Qorannoon kunis dhiibbaa dogongorri barreeffama Afaan Oromoo guddinaa fi dagaagina ogbarruu Afaan Oromoorratti fidu qorachhrratti kan xiyyeeffatee dha.

Argannoowwa yookaan bu'aawwan gurguddoon qorannoo kanaakanneen armaan gadiiti.

- Manneen daldalaatiif eyama kan kennu Ministeera daldalaa yoo ta'u kan mirkaneessu immoo waajjira daldalaamagaalaayookaan aanaati.Moggaasa maqaa kan kennu immoo abbichuma mana daldalaa sana.Maqaa mana daldalaa isaanii sanas akkuma barbaadanitti kan barreeffatan yookaan kan barreessifatan ta'uu isaati.
- Barreeffama maqaa manneen daldalaa Afaan Oromootiin kan barreessu ogeessa barreeffamni isaa haalaan bareedu yammuu ta'u namni barreessu kun waa'ee seerluga Afaan Oromoo irratti leenjii kan hin qabne ta'uunsaa hubatameera.Namni kun hojii kana hojjechuuf beekamtii kan hin qabnee dha.Waajjirri daldalaa dhimma kana hordofaa hin jiru.
- Iddoowwan dogongorri adda addaa itti uumamee jiruttti qaamni hordofee tarkaanfii fudhatu hin jiru.Waajjirri daldalaa fi bulchiinsi magaalaa yookaan aanaa dhimma kana ilaalchisee hordoffii fi tarkaanfiin fudhatan hin jiru.

- Abbootiin daldalaas dogongora barreeffama Afaan Oromoo kana ilaalchisee qaamni tokkollee akka isaan hin gaafa bal'inaan kanneen mul'atanii dha.nne ibsaniiru.
- Manneen daldalaa qorannoo kanaan sakatta'amanii bira gahaman dogongora barreeffama Afaan Oromoo salphaarraa kaasee hanga walxaxaatti akka qaban bira gahameera.

  Kana malees seerluga Afaan Oromootiin ala jechoota bakka hin barbaachisnetti dheeressuu yookaan gabaabsuu,jabeessuu yookaan laaffisuu,rakkooleen kanneen akka irrabutaa fi hudhaa bal'inaan kanneen mul'atanii dha.

Dubbifamtoota gosa tokkos ta'ee gosa adda addaa jalqabarras ta'ee xumura jechaatti barreessuu bal'inaan mul'ateera.Dimshaashumatti,dogongorri akkanaa kun:

Hiika jechaas ta'ee maqaa mana daldalaa sanas faallessuu ni danda'a.

- ❖ Afaan Oromoo akka waan seera hin qabnee abbumti arge wwanta fedhe akka barrssu taasisa.
- ❖ Tajaajilamtaannis maqaa sirrii ta'e dubbisanii tajaajila barbaadan yeroon akka hin arganne taasisa.
- ❖ Guddina Ogbarruu Afaan Oromootiifis gumaacha faallaa ta'e buusa.
- ❖ Abbootiin manneen daldalaa dogongorri mul'atu kun yeroo itti agarsiifamu sirreessuuf fedhii hin qaban.

5.2. YAADA FURMAATAA(Recommendation)

Qo'ataan qo'annoo kanaa argannoowwa yookaan bu'aawwan qo'annoo kanaa irratti argaman irratti hundaahuun yaada furmaataa armaan gadii lafa kaa'eera.

- ✓ Waajjirri (qaamni) ehama daldalaa kennu dursee maqaa sirrii ta'e ogeessa sirriidhaan barreessisee kennuu qaba.

- ✓ Abbootiin daldalaa barreeffamni mana daldalaa isaanii sirrii ta'uu fi dhiisuu isaa namoota seerluga Afaan Oromoo beekaniin mirkaneeffachuu qabu.

- ✓ Ogeessi seerluga Afaan Oromoo eegee barreessuu danda'u ehama hojii kanaa baafatee hojjetu jiraachuu qaba.

- ✓ Qaamni mootummaa sadarkaa garagaraa irratti argamu abbummaadhaan dhimma kana hordofee sirreeffama barbaachisuu fudhachuu qaba.

- ✓ Namoonni guddina ogbarruu Afaan Oromoof hojjetanii fi hawwan hundinuu dogongora kana yeroo argan bira dabruu hin qaban.

- ✓ Waajjiraaleen mootummaa dhimmi kun kallattiidhaan ilaallatu hundinuu dogongora mul'atu kanneen salphisanii ilaaluun bira dabruu hin qaban.

- ✓ Qaamni ehama daldalaa kennu dhimmi dogongora barreeffama Afaan Oromoo kun xiyyeeffannoo akka argatuuf labsiidhaan deeggaruu qaba.

- ✓ Waajjirri bulchiinsa magaalaa fi aanaa ehama daldalaa yeroo kennu barreeffamichi dogongora qabaachuusaa sakatta'uun kennuufii qaba.

- ✓ Bulchiinsota magaalaa fi aanaa irratti qaamni yookaan ogeessi afaanii dogongora kana sakatta'ee mirkaneessu jiraachuu qaba.

- ✓ Taappeellaawwan manneen daldalaas ta'ee waajjiraalee mootummaa fi miti mootummaa irratti mul'atan kanneen dogongora barreeffama Afaan Oromoo qaban dafanii sirreeffamuu qabu.

- ✓ Manneen daldalaa maqaa isaanii ogeessa seerluga Afaan Oromoo beekuun barreessisuu qabu.

- ✓ Barreeffamoonni Afaan Oromoo taappeellaawwan kamiinuu irratti barreeffaman nama seerluga Afaan Oromoo beekuu fi muuxannoo Afaan Oromootiin barreessuu qabuun barreeffamuu qaba.

- ✓ Ogeessi dhaabbiidhaan ogummaa kanaan jireenyasaa geggeeffatu kan ehama hojii kanaa qabu jiraachuu qaba.
- ✓ Afaan guddisuun waan haaraa qorachuun hawaasa biraan gahuu qofa miti waan ta'eef, Koreen waaltina Afaan Oromoo hawaasni afaan kana dubbiidhaanis ta'ee barreeffamaan akkamitti akka itti fayyadamaa jiru hordofuun tarkaanfii sirreeffamaa barbaachisu kennaa adeemuu qabu.

- ✓ Miidiyaaleen garagaraa (kanneen barreeffamaas ta'ee afaanii) abbummaa olaanaa fudhachuun yeroo tokkotti hawaasa biyyattii hunda hubannoo qabsiisuu waan danda'aniif dhimma kanarratti xiyyeeffannoo kennuun hojjechuu qabu.

- ✓ Rakkoowwan dogongora barreeffama Afaan Oromootiin walqabatu kana hambisuuf namoonni qorannoo gadi fagoo geggeessuu barbaadan osoo yeroo itti hin kennin adeemsisuun rakkoo mul'atu addaan baasuun tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamuuf kallattii 'eeruu qabu.

- ✓ Mootummaan naannoo Oromiyaa kaabinota naannocha keessatti sadarkaa garagaraarratti argamaniif dogongorri kun guddina ogbarruu Afaan Oromoorratti dhiibbaa guddaa akka fidu hubachuun rakkoo kana hordofanii tarkaanfii sirreeffamaa barbaachisu akka fudhtaniif akeekkachiisuu qaba.

- ✓ Rakkoowwan dogongora barreeffama Afaan Oromootiin walqabatu kana hambisuuf namoonni qorannoo gadi fagoo geggeessuu barbaadan osoo yeroo itti hin kennin adeemsisuun rakkoo mul'atu addaan baasuun tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamuuf kallattii 'eeruu qabu.

WABIILEE (REFERENCES)

Abdulsamad Mahammad .(Dr.).(1994).**Seerluga Afaan Oromoo**.Finfinnee

Asafaa Tafarraa.(2009).**Eela,Seenaa Oguma Oromoo.** Oromiyaa Finfinnee.

Beekamaa Likkaasaa.(1996).**Seerluga Afaan Oromoo**. Barattoota Sadarkaa 1ffaa fi 2ffaaf.Finfinnee.Dhaabbata Maxxansaa Artistikii.

Biiroo Aadaa fi Beeksisaa Oromiyaa.(1992**).Wiirtuu Jildii 2ffaa fi 5ffaa**. Finfinnee.Gumii Qormaata Afaan Oromoo.

Biiroo Aadaa fi Tuuriizimii Oromiyaa (1998).**Caasluga Afaan Oromoo Jildii 1ffaa**. Finfinnee.Gumii Qormaata Afaan Oromoo.

Bovee,G.L.(2006).**Techniques of Writing Business Letters,Memos and Reports**. New Delhi:JaicoPublishin House.

Brant,L.L.(1963).**Your Language**. Mc.Graw HillBook.Com,Inc.

Strong W.etal. (1996).**Writers Choice:Grammer and Composition**. USA: Glencue/Mc Graw Hill.

Wasanee Bashaa. (2003-4).**Qor**-**Lugaa fi Seerluga Afaan Oromoo**.Finfinnee.

Xilahuun Gamtaa. (1995) **Seera Afaan Oromoo**.Finfinnee.

YUUNIVARSITII MADDA WALAABUU

DHAABBATA QORANNOOWWAN AFAANOTAATTI

GAREE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OG-BARRUU

MUL'ISTUU(APPINDICE) 'A'

Bar-gaaffiiwwan Daldaaltotaa

Kaayyoon bar-gaaffii kanaa,rakkoolee barreeffama Afaan Oromoo keessatti mul'atan kanneen guddinaa fi dagaagina og-barruu Afaan Oromoo irratti dhiibbaa qaban ilaalchisee odeeffannoo walitti qabachuuf jedhameeti.Kanaafuu odeeffannoon qabatamaa fi dhugaan isin naaf kennitan bu'aa qorannoo kanaatiif murteessoo dha.Waan kana ta'eef odeeffannoo haqummaa qabu akka naaf kennitan kabajaanan isin gaafadha.

GALATOOMAA!

1.Mana daldalaa yookaan waajjira keessan irratti qubee Afaan Oromootiin kan isiniif barreessu eenyuu dha?

A.Ogeessa qubee barreessu ☐ B.Anuma ☐

C.Bulchiinsa magaalaa yookaan aanaati ☐

2.Deebiin gaaffii 1ffaa keessanii **'A'** yoo ta'e ogeessi kun waa'ee seera qubee Afaan Oromoo ni beeka jettanii yaadduu?

A.Eeyyee ☐ B.Lakkii ☐ C.Nuti waanta beeknu hin qabnu ☐

3.Barreeffamni mana daldalaa yookaan waajjira keessan irraa dogongora qubee ni qabaata jettanii yaadduu?

A.Eeyyee ☐ B.Lakkii ☐ C.Waanta beeknu hin qabnu ☐

4.Barreeffamni kun dogongora yoo qabaate qaamni hordofee akka sirreessitan isin taasise jiraa?Yoo jiraate qaama kamfaa dhaa?

_____.

5.Ogeessi seerluga Afaan Oromoo eegee barreessuu danda'u qubee yookaan jecha tokko qarshii meeqaan isiniif barreessaa?

_____.

6.Qubee Afaan Oromoo dogongora tokko malee yoo barreeffame guddina afaanichaatiifis ta'ee milkaa'ina hojii keessaniif bu'aa qaba jettanii yaadduu?

A.Eeeyyee ☐ B.Lakkii ☐ C.Waanta beeknu hin qabnu ☐

7.Maqaan mana daldalaa yookaan waajjira keessanii kun dogongora tokko malee yoo barreeffame isiniif bu'aa qaba jettuu?

_____.

8.Qaamonni maqaa mana daldalaa yookaan waajjira keessanii kana yeroo isiniif kennan seerluga Afaan Oromoo eeganii barreessuun isiniif kennuu?

A.Eeeyyee ☐ B.Lakkii ☐ C.Nuti hin beeknu ☐

YUUNIVARSITII MADDA WALAABUU

DHAABBATA QORANNOOWWAN AFAANOTAATTI

GAREE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OG-BARRUU

MUL'ISTUU(APPINDICE) 'B'

Daawannaa.

Cheeklistii Daawannaadhaaf Qophaahe.

T.L	Gaaffiiwwan	Deebiiwwan	
		Eeyyee	Lakkii
1	Barreeffamoonni Taappeellaawwanirraa seerluga Afaan Oromoo eeganii barreeffamanii barreeffamanii jiruu?		
2	Dogongorri barreeffamoota kanaa walxaxoo dhaa?		
3	Barreeffamoonni mul'atan kunneen qubeewwan Afaan Oromootiin barreeffamaniiruu?		
4	Jechoonni sagaleelee hudhaa qaban seeraan nbarreeffamaniiruu?		
5	Jechoonni jabaachuu,laafuu,dheerachuu fi gabaabbachuu qaban seera kana eeganii barreeffamaniiruu?		

YUUNIVARSITII MADDA WALAABUU

DHAABBATA QORANNOOWWAN AFAANOTAATTI

GAREE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OG-BARRUU

MUL'ISTUU(APPINDICE) 'C'

Af-gaaffii

Kaayyoon af-gaaffii kanaa,rakkoolee barreeffama Afaan Oromoo keessatti mul'atan kanneen guddinaa fi dagaagina og-barruu Afaan Oromoo irratti dhiibbaa qaban ilaalchisee odeeffannoo walitti qabachuuf jedhameeti.Kanaafuu odeeffannoon qabatamaa fi dhugaan isin naaf kennitan bu'aa qorannoo kanaatiif murteessoo dha.Waan kana ta'eef odeeffannoo haqummaa qabu akka naaf kennitan kabajaanan isin gaafadha.

GALATOOMAA!

1.Manneen daldalaatiif yookaan waajjiraalee garagaraatiif beekamtiin yeroo kennamu barreeffama isaanii eenyutu barreessaaf?

_____.

2.Qaamni barreessu kun waa'ee seerluga Afaan Oromoo ni beeka jettuu?

_____.

3.Ogeessi barreessu kun ehama hojii kanaa qabaa?

_____.

4.Labsii daldalaa irratti bahe waa'ee rakkoo dogongora seerluga Afaan Oromoo waan ibsu qabaa?

_____.

5.Dogongora barreeffama Afaan Oromoo hanga ammaatti mul'atu kana hambisuuf maaltu godhamuu qaba jettu?_____.

YUUNIVARSITII MADDA WALAABUU

DHAABBATA QORANNOOWWAN AFAANOTAATTI

GAREE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OG-BARRUU

MUL'ISTUU(APPINDICE) 'D'

Bar-gaaffiiwwan.

Kaayyoon bar-gaaffii kanaa,rakkoolee barreeffama Afaan Oromoo keessatti mul'atan kanneen guddinaa fi dagaagina og-barruu Afaan Oromoo irratti dhiibbaa qaban ilaalchisee odeeffannoo walitti qabachuuf jedhameeti.Kanaafuu odeeffannoon qabatamaa fi dhugaan isin naaf kennitan bu'aa qorannoo kanaatiif murteessoo dha.Waan kana ta'eef odeeffannoo haqummaa qabu akka naaf kennitan kabajaanan isin gaafadha.

GALATOOMAA!

1.Manneen daldalaa yookaan waajjiraalee garagaraa irratti qubee Afaan Oromootiin kan barreessu eenyuu dhaa?

A.Ogeessa barreessuu danda'u ☐ B.Abbichuma ☐

C.Bulchiinsa magaalaa yookaan aanaati ☐

2.Barreeffamoonnin kunneen dogongora qaba jettuu?

A.Eeeyyee ☐ B.Lakkii ☐ C.Waan beeknu hin qabnu ☐

3.Barreeffamni manneen daldalaa fi waajjiraalee irraa kun dogongora yoo qabaate tarkaanfiin fudhatame jiraa?Yoo jiraate maal maal fa'ii?

_____

_____.